# Namni waa himaa bira dhufee waan tokko irraa isa gaafate, salaanni halkan afurtamaa isaaf hin qeebalamu

gariin haadha manaa nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nabiyyii irraa akka odeessanitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni waa himaa bira dhufee waan tokko irraa isa gaafate, salaanni halkan afurtamaa isaaf hin qeebalamu».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waa himtuu bira deemuu irraa sodaachisani -inni maqaa wolii galaa raagduu, nama urjii ilaaluun waa himuu, nama cirracha irratti hundaa'uun raaguu fi kanneen jara fakkaatan biroo, worreen beekumsa fagoo beekuu isaaniitiif haal duree hojjataniin ragaa taasifatanuuti- waan tokko waan beekumsa fagoo irraa ta'e tokko gaafachuudhuma qofaan Rabbiin mindaa salaata isaa guyyaa afurtamaaf isa dhoorgata; badii fi dilii guddaa kana irratti isa adabuuf jecha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee